

Odeeffannoo STD

Herpes - Oro

Dhiitoo xixiqqoo bishaan baattu (herpes simplex HSV 1 and 2 vaayirasa jedhamuun dhufa)

ASXAA FI MUL'ATA

Mul'ata dhiitoo dhagna dubartii:

- Guyyaa quunnamtiiirraa eegalee guyyaa 2-30 itti mul'ata
- Dhiitoo xixiqqoo bishaaniin guutama naannoo qaamaa saalaatti ykn afaan keessatti dhalatu
- Dhiitotni kun gara madaa banaatti jijjiiramanii torban 1 hanga 2 itti fayyu
- Dhiitotni kun dhagna dubartii keessa ni dhokatu
- Mul'atni inni jalqabaa cimaa inni itti aanu giddu galeessa ta'a
- Nannoo dhiitowwan kun itti biqiluuf jedherratti hooksisa ykn gabatu dhagaa'ama
- Dhibeen jalqabaa dhaqana ho'a, mataa bowwuu ykn dhiita dhaqna keessaa waliin dhufa
- Dhiitowwan kun ni badu. Garuu dhibeen isaanii dhaqna keessa tura
- Dhiitowwan kun yeroodhaa yerootti ni deddebi'u, garuu yeroo gabaabaadhaafi

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Dhiitoo dhagna dubartiirraa namatti kan darbu:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartii
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu
- Nama dhibee kan qabu tuquudhaan
- Haadha dhukkubsturra daa'ima dhalatutti
- Yoo dhiitoo hin mulatnellee *vaairsiin* sun ni daddarba. Kanaafuu dhiitoo utuu hin jiraatinillee namarra namatti daddarbuu ni danda'a

XAAWAWAN/BOODDEE

Dhiitoo dhagna dubartii:

- Dhiibee biroo akka HIV waliin shanyi STD lixu
- Balaa dhukkuba qabu kan deddeebi'ee dhufu ni fida

Dhiitoo Dhagna dubartii fi ulfaa'uu:

- Daa'imti reefuu dhalatte haadha dhibamtuu irraa ni argatti
- Dhibeen kun daa'ima reef dhalatteratti dhibee cimaa sammuu kan sombaa fi kan tiruu fiduu ni danda'a
- Haadholeen ulfi kan dhiitoo dhagna dubartii qaban yeroo hedduu daa'ima fayyaa da'u
- Daa'imoota haadha dhiitoo dhagna dubartii (yeroo jalqabaatiif) yammuu ulfa turte argatteratti balaan ni cima

ITTISA

Odeeffannoo dhiitoo dhagna dubartii akka namarra namatti hin dabarre ittisuuf ykn hir'isuuf:

- Madaan naannoo dhagna dubartii kan *latex kondoomiidhaan* aguugaman irratti dhalchuu ni

danda'a. Akkasumas naannoowwan hin aguugamne ykn hin ittifamnerratti dhalachuu danda'a. Yoo *latex kondoomii* sirriitti itti ma'ii ba'ame dhibee dhiitoo dhagna dubartiirraa nama ittisa

- Quunnamtii saalaa hudduudhaan ykn dhagna dubartii yammuu gootu yeroo hundaa *latex kondoomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin meeshaa dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondoomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa dhagna dubartii arraabuun ykn karaa hudduu hojjetu ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn *kondoomii* lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xinneessi
- Dooktora keerra ykn dhiyeessitoota fayyaa biroorraa xiinxala dhiitoo dhagna dubartii godhaddhu
- Yoo qabante namoota quunnamtii saalaa waliin gootu hunda beeksisi
- Yoo ulfa taate, kanaan dura dhiitoo dhagna dubartii qabamteetta yoo ta'e doktoratti himi
- Yammu madaan sun jiru nama dhiitoo dhagna dubartii qabuu wajjin quunnamtii saalaa hin godhin

DAWAA/YAALA

Dawaa dhiitoo dhagna dubartii:

- Fayyisuun hin danda'amu; dhibeen kun umrii guutu namaa waliin jiraata
- Dawaa *vaayirasa* balleessu fudhachuudhaan dhiitoo akka deddeebi'ee hin mul'atne gochuun ni danda'ama
- Isa deddeebi'ee dhufu yaaluun yeroo dhukkubaa sana hin gabaabsu waan ta'ef yeroo hedduu hin ajajamu
- Yammuu inni deddeebi'ee dhalatu haala mijaa'inaa safaruun ni danda'ama

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section

Minnesota Department of Health

P.O. Box 64975

St. Paul, MN 55164-0975

(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa

(Minnesota Family Planning and STD Hotline)

1-800-783-2287 Sagalee/TTY; www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,

STD tiifi AIDS

(CDC National STD and AIDS Hotlines)

1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov

Daandii dhiitoo muxxee ASHA kan guutummaa buyyaa

(ASHA National Herpes Hotline)

1-919-361-8488; www.ashastd.org